Qormaanni Pap test maali?

Qormaanni Pap test serviksii irratti waan bibbiqilu mul'isa. Bibbiqiltuu jalqabatti wal'aanuun golfaa (kansara) serviksii ittisa. Qormanni Pap test tola.

Serviksiin Maali?

Serviksiin afaan gadaamessaati. Ilmoon dhalattu achii keessa dabartee dhalatti.



Maaltu Serviksi irratti waa biqilcha?

Human Papillomavirus, ykn HPVn, Vayirasa beekkamaa qunnamtii saalaatiin dabru ka serviksirratti bibbiqiltu uumu. Altokko tokko bibbiqiltuun vayirasa kanaan dhalatan golfa tahuu dandayan. Qormaanni Pap test bibbiqiltuu tanneen osoo golfaa hin taane mul'isa.

Qormaanni Pap test na barbaachisaa?

Dubartoonni qunnamtii saalaa godhan hundinuu Qormaata Pap test dhaabbata godhachuu qaban.

Yaroo hagamittiin qormaata Pap test godha dha?

Pap testii bara 21 yaroo geeyse irraa jalqabdee, bara 3 tti al tokko godhachaa hamma umriin tee 69 geeysuu itti fufuu sirra jira.

Tallaalli HPV maali?

Tallalli HPV,vayirasa HPV gosa golfa servikaala tahuu dandayu ittisa. Tallaalli dhibee HPV ta duraan si qabde jirtu hin wal'aanu. Yo duraan tallaalli dirattellee, qormaataa Pap test godhachuun si barbaachisa.

Qormaata Pap test eessattiin godhadha?

Doktoora ykn narsii tee gaafadhu, jiddugala faayyaa naannawa keeti qunnami ykn website keenya cancercare.mb.ca/screening daawwadhu.

Yo dubartoonni qormaata Pap test dhaabbata godhatan irra hedduun golfaa (kansarri) servikaala ittifamuu ni dandayama.

Odeessa caalatti arkachuu dhaaf:

CervixCheck, CancerCare Manitoba
#5-25 Sherbrook Street
Winnipeg, Manitoba R3C 2B1

Bilbila: 204-788-8626
Bilbila Tolaa: 1-855-952-4325
CervixCheck@cancercare.mb.ca
cancercare.mb.ca/screening

CancerCare Manitoba
ActionCancerManitoba
BreastCheck CervixCheck ColonCheck